## Gorsaafi Qindeessaa

Alamuu Hayiluu

## To'ataa Qulqullinaa

Muhaammad Namoo

## Qopheessitoota:

Ammee Xayyaar
Darajjee Mokonnin Dheeressaa
Muhammad Abdoo
Waaqumaa Waamii

## Seecca'oota:

Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

## Giraafiksii:

Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Boqonnaa 1: **Dabballeefi Gaammee Xixiqqaa** ........ 1

**Wayitii 10** ........ 1

**Boqonnaa 2: Gaammee Gurguddaafi Kuusa** ........ 5

**Boqonnaa 3: Raabaafi Doorii** ........ 9

**Boqonnaa 4: Gadooma** ........ 13

**Boqonnaa 5: Jila Gadoomaa** ........ 17

**Boqonnaa 6: Baatuma** ........ 22

**Boqonnaa 7: Yuuba** ........ 26

**Wayitii 12** ........ 26

**Boqonnaa 8: Gadaamoojjii** ........ 29

**Boqonnaa 9: Dhaha** ........ 33

**Boqonnaa 10: Gadaafi Dimokiraasii Ammayyaa** ........ 37

# Boqonnaa 1: **Dabballeefi Gaammee Xixiqqaa**

## Wayitii 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- ☞ waa'ee Dabballeefi Gaammee Xixiqqaa addaan baasee/tee nihima/ti;
- ☞ kunuunsa Dabballeefi Gaammee Xixiqqaaf taasifamu nihubata/ti; nihima/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu!

Barsiisaa/tuu; barnoota isaanii sadarkaa 1ffaa marsaa duraa keessatti barattoonni waa'ee Dabballeefi Gaammee Xixiqqaa amma ta'e baratanii jiru. Kanaafuu, mata duree kana irratti ibsa osoo hinkenniin dura, barattoonni waan

baratanii turan keessaa waan yaadatan akka dareetti himan taasisuun duubdeebii kenni. Mata-dureen kunis, barnootuma duraan hanga tokko baratanii turan sana, bifa irra deebiifi gadi fageenya qabuun kan dhiyaateef akka ta'e hubachiisi.

Itti aansuun, seensa waliigalaa boqonnichaa irratti barattootaaf ibsa kenni. Itti fufuun, eenyummaa Dabballeefi kunuunsa Dabballeef taasifamu barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun barattootaaf ibsi. Bifa walfakkaatuun, qabiyyee Gaammee Xixiqqaa waliin walqabatanii kitaaba barataa keessatti kenname irratti akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti ibsiif.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni gaaffiilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, naannoo isaaniitti barattoonni gahee Dabballeefi Gaammee Xixiqqaa kan beekan dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoon tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gilgaalotaa**

**Gilgaala 1**

**1.** Guduruu

**2.**

- maatiif ergamuu
- jabbilee tiksuu,
- loon bobbaasuu

**3.** Jila Maq-baasaa; sagantaa nyaachisaa qopheessuu; ijoollee ce'an mataa irraa haaduun guutuutti

hambisuu, maqaan waliigalaa ijoollee ce'aniif moggaasuu

**Gilgaala 1.**

| A) Maqaa gulantaa Gadaa kan jalqabaa | B) Maqaa Gulataa Gadaa kan lammataa |
|---|---|
| 1. Itti-makoo<br>2. Dabballee<br>3. Soolee | 1. Qarree Duraa<br>2. Gaammee<br>3. Ruuboo |

2.

| **Gulantaa Gadaa Abbaa** | **Gulantaa Gadaa Ilmaa** |
|---|---|
| 1. Doorii<br>2. Gadaa | Dabballee<br>Gaammee Xixiqqaa |

# Boqonnaa 2: Gaammee Gurguddaafi Kuusa

## Wayitii 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- ☞ eenyummaa Gaammee Gurguddaafi Kuusaa addaan baasee/tee nihima/ti;
- ☞ gaheefi leenjii Gaammee Gurguddaafi Kuusaa ni'ibsa/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; barattoonni kutaa 4'ti waa'ee Gaammee Gurguddaafi Kuusaa amma ta'e baratanii jiru. Kanaafuu, mata duree kana irratti ibsa osoo hinkenniin dura, barattoonni waan baratanii turan keessaa waan yaadatan akka dareetti himan gochuun duub-deebii kenni.

Mata-dureen kunis, barnootuma duraan hanga tokko baratanii turan sana, bifa irra deebiifi gadi fageenya qabuun kan dhiyaateef akka ta'e hubachiisi.

Itti aansuun, mata dureee kana irratti barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate barattootaaf ibsi. Adeemsa kanaanis barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Kana malees, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Itti fufuunis, barattoonni naannoo isaaniitti leenjii, eegumsafi gahee Gaammee Gurguddaafi Kuusaa kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaalota xumura boqonnaa irratti kenname hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoo tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa

waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo**

**1.**

- eyyama maatii malee manaa bahanii ala buluu,
- qaamaan walxuxxuqanii waliin taphachuu
- dhiiraafi shamarran iddoo tokko yookaan siree tokko irra waliin rafuu
- ijoollee dubraa qe'ee irraa fageessanii erguu
- dargaggoota naamusa gadhee qaban waliin hiriyyoomuu,
- akka dubartoota gurguddoo dibata baay'ee urgaa'u dibachuun

**2.**

- ✓ foora godaanuun
- ✓ gaagura kaanniisaa hojjatanii damma oomishuu
- ✓ Oyiruu qotanii midhaan oomishuu
- ✓ hojii ogummaa harkaa adda addaan meeshaalee tolchuu

**3.** Kuusa

**Deebii Gilgaala 1**

1. Foollee, Goobamaafi Qarree Duraa
2. Dhaloota qaamaafi sammuun cimsuun jireenyaafi itti-gaafatamummaa olaanaaf qopheessuuf
3. Abbaa Murtii, Jalkeya, Hayyuu, Jaldhaaba, Waamuraa, Fagaafi Torbii
4. haala nageenya hawaasa naannoo eegu irratti leenjii kennamuudha.
5. Dootuu/ Ilaala/Jalkeettuu/Dooyattuu

**Deebii Gilgaala 2**

1. Gaaffii dhiyaate irratti haala qabatama naannoo isaanii giddugaleessa godhatanii mari'achuun akka dareef dhiyeessaniif haala mijeessi; qajeelchi; duub-deebii kenni.

# Boqonnaa 3: Raabaafi Doorii

## Wayitii 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- maalummaa, gaheefi itti-gaafatamummaa Raabaa gadi fageenyaan hubachuun addaan baasee/tee ni'ibsa/ibsiti;
- maalummaa, gaheefi itti-gaafatamummaa Doorii gadi fageenyaan addaan baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Kutaa 5fi 6'ti barattoonni waa'ee Raabaafi Doorii amma ta'e baratanii jiru. Kanaafuu, mata-duree kana irratti ibsa osoo hinkenniin dura barattoonni waa'ee waan baratanii turan keessaa kan yaadatan akka dareetti himan taasisuun duub-deebii kenni. Mata-dureen kunis, barnootuma duraan hanga tokko baratanii turan sana,

bifa irra deebiifi gadifageenya qabuun kan dhiyaateef akka ta'e hubachiisi.

Itti aansuun, qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa jalqaba irratti eenyummaa, gaheefi itti-gaafatamummaa Raabaa waliin walqabatee barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti ibsa kenni. Itti fufuun, qabiyyee Doorii waliin walqabatee barreeffama dhiyaates akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti ibsiif.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifa walfakkaatuun, barattoonni gaaffiilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, naannoo isaaniitti barattoonni gaheefi itti-gaafatamummaa Raabaafi Doorii kan beekan dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaalota xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kennaman waliin ilaalaa duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoo tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo**

1. Gadaa keessatti biyya bulchuun dura maatii bulchuu danda'uun akka ulaagaa jalqabaa ta'uu
2. Waddeessa, Daannisa, Qajima murachuu
3.
   - ardaalee jilaa barachuu,
   - gogeessa isaanii bakka biraa jiran waliin walbaruufi gumaata isaaniis walitti qabachuu,
   - jiloota adda addaa gaggeessu.

**Deebii Gilgaalotaa**

**Gilgaala 1.**

1. C
2. B

**Gilgaala 2.** Gaaffiilee armaan gadii deebisi

1.

- Jila Korma Bantii Qluu,
- Jila Dhoksuu Buluu,
- Jila Gaa'ilaa

2. Ce'umsa Raabaa gara Dooriitti taasifamu mirkaneessuu agarsiisa

**Gilgaala 3.**

1. B
2. A
3. C

# Boqonnaa 4: Gadooma

## Wayitii 10

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa Gadoomaa ni ibsa/ti;
- ☞ gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaafi Adulootaa adda nibaafata/ti.

**Gahee Barsiisaa/tuu**

Qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa maalummaa Gadoomaa; gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaafi Adulootaa irratti dhihaatan akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti duraa duubaan akka dhyhaatan ibsiifi.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni gareen mari'atanii waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun,

barattoonni gaaffiilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kennaafii deemi.

Kana malees, naannoo isaaniitti barattoonni qabiyyeewwan gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaafi Adulootaa kan beekan yookiin gaafatanii dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoo tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gaaffii hubannoo 1

Gumiin/Caffeen caasaa aangoo ol'aanaa qabu ta'ee, gaheefi itti-gaafatamummaan isaa murtiilee ciccimoo murteessuu, seera haaraa tumuu yookiin seera ture

fooyyessuu, hojiilee Abbaa Gadaafi caasaalee bulchiinsa isaa kanneen biroo too'achuufi madaaluu fa'a.

## Deebii Gaaffii hubannoo 2

Gaheefi itti-gaafatamummaan Adulaa Abbaa Gadaa deeggaruu, murteewwan karaa barbaadamuun raawwatamaa jiraachuu isaanii hordofuufi hanqinni hojii irratti yoo jiraate qaama oliitiif dabarsuu fa'a.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 3

Hayyuun gosa bakka bu'ee filama.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 4

Abbaan Qa'ee gosaafi miiloo keessaa filatama

## Deebii Gilgaalaa

1. Caasaaleen hooggansa bulchiinsa Gadaa Gumii/Caffee, Abbaa Gadaa, Makkala/Jalkeya, Abbaa Bokkuu/Faga, Aduloota, Hayyoota, Qa'ee, Jaallabaafi Jaarsa fa'a.

Barsiisaa/tuu caasaalee hooggansaa bulchiinsa Gadaa Gosoota Oromoos akka wal bira qabanii adda baafatan taasisi.

2. Soba
3. B
4. Gaheewwan Fagni/Abbaan Bokkuu/ yaa'a Gadaa keessatti qabu jiloota Abbaa Gadaan qophaa'u hoogganuu, gumii nyaachisuu, malkaa eebbisuu, waadaa galchuufi yeroo ardaa jilaa deeman haala yookiin faroo ilaaluun bakka qubannaa adda baasuu fa'a.
5. Jaallaba/Jaldhaaba

# Boqonnaa 5: Jila Gadoomaa

## Wayitii 11

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

☞ maalummaa jila Gadoomaa ni'ibsa/ti;

☞ haala jilli Gadoomaa itti raawwatu ni'ibsa/ibsiti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barattoonni barnoota Gadaa kutaa torbaa keessatti ce'umsa Doorii irraa gara Gadaatti taasifamu baratanii jiru. Kanaafuu, mata duree boqonnaa kanaatti osoo hindarbin dura barattoonni waan baratanii turan keessaa kan yaadatan akka dareetti himan taasisuun duubdeebii kenni. Mata dureen kunis, barnootuma duraan hanga tokko baratanii turan sana, bifa irra deebiifi gadi fageenya qabuun kan dhiyaateef akka ta'e hubachiisi. Akkasumas, jilli Gadoomaa bakkaa bakkatti addaa addummaa qabaachuu kan danda'u ta'uu hubachiisi.

Itti aansuun, qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa jalqaba irratti maalummaafi akaakuu jila Gadoomaa waliin walqabatee barreeffama kitaaba barataa keessatti dhiyaate irratti ibsa kenni. Itti fufuun, qooda fudhattootaafi haala jilli gadoomaa itti raawwataman walqabatee kitaaba barataa keessatti dhiyaates haala barattoonni hubachuu danda'anitti ibsiif. Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni gaaffiilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, barattoonni jila gadoomaa naannoo isaaniitti beekan dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaalota xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun barataan/tuu qabiyyee boqonnichaa irraa waan

barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

- Abbaan Gadaa baallii harkaa qabu dursee qachaa qubachuun inni baallii fuudhu ammoo, itti aanee akka qubatu taasifama
- Dooriin baallii fuudhu qubatee karaa qachaa Abbaa Gadaatti geessu qulqulleessisa
- Dooriin hayyuu Abbaa Gadaatti erguun haala baalliin itti darbu mariisisa
- Dooriin torbii isaa waliin qachaa Abbaa Gadaa deemee eebbaafi dhaamsa fudhata.
- Dhuma irratti, Fagni baalguda Abbaa Gadaa duraa irraa fuudhuun Abbaa Gadaa haaraatti suuqee gadoomuu isaa mirkaneessa.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Qadadduufi Jaarsa Hirkoo filachuun guyyaa Jila Gadoomaa gadabaa dhaaba

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 3**

1. qorii, cuukkoo, daabboo, barroolee, caccabsaa, aannan, daadhiifi kanneen kana fakkaatan
2. rifeensa haaddachuu, gurra urachuu, ruufa marachuufi gurratti lootii godhachuufi uffata aadaan faayamanii dhibaayyuuf qophaa'uu

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 4**

1. Jilli Jaarraa Utaaluu waggaa afraffaa Abbaan Gadaa tokko baallii fuudhee erga bulcheen booda gaggeeffama. Kunis, ciminaafi hanqina hojii Abbootii Gadaatiin ji'a afur keessatti hojjataman madaaluun hanqinootni mudatan akka fooyya'uuf yaadamee gaggeeffama.
2. Gadaan keenya Gadaa quufaati … bahoo!

   Gadaan keenya Gadaa mirgaati … bahoo!

   Gadaan keenya Gadaa bara nageesse… bahoo!

   Gadaan keenya Gadaa aadaa deebise … bahoo!"

**Deebii Gilgaalaa 1**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Obboleettii 4. Buttaa Qaluu

   1. Haala jila Gadaa naannawa barataa/tuutti raawwatamuufi beekkamuu irratti hundaa'a.

# Deebii Gilgaalaa 2

| Jila Gadoomaa | Kaayyoo jilli gaggeeffamuuf |
| --- | --- |
| Baallii Fuudhuu | Aangoo Bulchiinsa Sirna Gadaa fudhachuu |
| Buttaa Qaluu | Dhaloonni gulantaa Doorii irraa gara Gadaatti ce'uu agarsiisa |
| Lallaba Hayyootaa | Hayyoota Abbaa Gadaa baallii fuudhe waliin hojjatan filuufi beeksisuu |
| Galma Kallachaa Dhaabuu | Jaalaala, kabajaafi galata hojii Gadaammoojiin bara Gadooma isaanii keessatti hojjatanii ibsuuf |
| Jaarraa Utaaluu | Ciminaafi hanqina hojii Abbootii Gadaa kan hanga waggaa afurii dhiyeessuu |
| Gumii Teessisuu | Dhimmoota cimaa murteessu; seera haaraa tumuu yookiin seera ture fooyyessufi geggeessummaa Abbootii Gadaa madaaluu |
| Dhawaa-dhaamsaa | Abbaan Gadaa gaggeessummaa isaa keessatti waan hojjate, hafeefi rakkoo isa mudate dhiyeessuu |

# Boqonnaa 6: Baatuma

## Wayitii 10

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- ☞ Gochoota ce'umsa Gadaa irraa gara Yuubaa taasifamu keessatti raawwataman nibarata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa jalqaba irratti gochoota ce'umsa sadarkaa Gadaa irraa gara Yuuba tokkoffaatti taasifaman keessatti raawwatamaniif ibsa kenni. Gochootni baallii dabarsuu, eebbisuu, caam-baatee taa'uufi dhaamsa dabarsuu jedhaman akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti duraa duuba dhihaatanii ibsiifi.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun

duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, barattoonni naannoo isaaniitti gochoota ce'umsa sadarkaa Gadaa irraa gara Yuuba tokkoffaatti taasifamu keessatti raawwataman irratti kan beekan yookiin namoota beekan gaafatanii dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoon tokkoo barataa/tuu, qabiyyeewwan boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

Ayyaantuun dhaha dhooftuudha. Gahee baallii dabarsuu keessatti qabdu, yeroofi iddoo Abbootiin Gadaa baallii wal irraa itti fuudhan murteessee kan mijeessuudha.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Yeroofi iddoo baallii wal irraa itti fuudhan murteessanii mijeessuu

   Wantoota guutamuu qaban guutanii wal simatuu, Kallacha walitti kaahuu, maxxaarrii kennuufii.

   Kana malees, Soddom-buuranii mormatti hidhee; Irboora irreetti kaaya. Qoloo itti uwwisee, wanta adda addaa dabalee itti jifaara. Wal eebbisuu

2. Eebba keessatti wantoota garagaraa kanneen akka Gadaafi aadaan akka cimu, loon, quufni akka jiraatu, sa'aa-namni qananii duraatii olitti akka jiraatuuf eebbi godhame.

**Deebii Gilgaalaa**

1. Dhaamsa Abbaan Gadaa baallii dabarsaa jiruun dabarfamu keessaa:

   Dubbii araarsi, hiyyeessa jabeessi, waan hir'uu nyaattee hindhugiin, hinabaarin, hin fiiginii suuta

deemi, hinmufatin kanneen jedhaniifi kanneen kana fakkaatan kaasi.

2. Gochootni ce'umsa gulantaa Gadaa irraa gara Yuuba tokkoffaatti taasifamu keessatti raawwataman kanneen akka baallii dabarsuu, eebbisuu, caam-baatee taa'uufi dhaamsa dabarsuudha.

   Baallii dabarsuun aangoo bulchiinsa Gadaa yeroofi iddoo filatametti seeraafi adeemsa isaatiin wal irraa fuudhuudha.

   Eebbisuun, waan hamileefi gaarii walii hawwanii wal eebbisuu yookiin Waaqa walii kadhatuudha.

   Caam-baateen sirna Abbootiin Gadaa (kan baallii fudhatuufi kan baallii kennu) lameeniifi hayyootni baallii waliif kennan fuudhuufi kennu lameeniifi hayyootni haala biyyaa, seenaa darbeefi sagantaalee fuul-duraa keessatti mari'ataniidha.

   Xumura irrattis ergaa walii dabarsu jechuudha.

# Boqonnaa 7: Yuuba

## Wayitii 12

**Kaayyoo:**

Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun:

☞ gahee Yuubaa nibarata/ti; adda nibaafat/ti

### Gahee Barsiisaa/tuu

Qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa jalqaba irratti gaheewwan Yuubaa irratti ibsa kenni. Gaheewwan Yuubaa gorsa kennuu, dhaloota barsiisuu yookiin ga'oomsuu, seera gumiin tumuufi seera labsuufi kan waldhaban araarsuu jedhan akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti duraa duuba dhihaataniin ibsiifi.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni

gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, naannoo isaaniitti barattoonni gahee Yuubaa irratti waan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka himan gochuun qajeelchi. Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoo tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

Gaheen Yuubaa kanneen akka gorsa kennuu, dhaloota barsiisuu yookiin ga'oomsuu, seera tumuufi seera labsuufi kan waldhaban araarsuu fa'a.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

Yuubni beekumsa argaa-dhageettii, muuxannoofi dandeettii gahaa gabbifatee jira. Kanaaf, waan dhagahuu feetu isa gaafannaan deebii quubsaa argatta. Kanaaf, Yuuba irraa qoradhu jedhama.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 3

Yuubni ijoollee isaaniif jila raawwatee bulchiinsaaf qopheessa. Akkasumas, leenjii adda addaa kennaafi.

## Deebii Gilgaalaa 1

1. A) Soba. Yuubni aangoo bulchiinsaa hinqabu.

   Garuu muuxannoo qabuun tajaajila gorsaa kenna.
2. Bulchiinsa Gadaafi hawaasa
3. Seera tumuufi seera labsuu.

   Akkasumas, fooyyessaniifi lallabuufi seericha gumii beeksisuu fa'a.

# Boqonnaa 8: Gadaamoojjii

## Wayitii 12

**Kaayyoo:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

☞ maalummaa, ce'umsa, kunuunsaafi sona Gadaamoojjii addaan nibaafat/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; qabiyyeewwan boqonnichaa keessaa maalummaa; ce'umsa; kunuunsaafi sona Gadaamoojjummaa irratti dhihaatan akkaataa barattoonni hubachuuu danda'anitti duraa duuba dhihaataniin ibsiifi.

Adeemsa keessa, ibsa duraa duubaan kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, barattoonni naannoo isaaniitti qabiyyeewwan maalummaa; ce'umsaa; kunuunsaafi sona Gadaamoojjummaa irratti maatii gaafatanii akka dareetti himan jajjabeessi.

Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoon tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

Gadaamoojjii keessatti garaagarummaan abbaafi ilma jidduu jiru garaagarummaa waggoota afurtamaati. Yoo abbaan Gadaamoojjii seenu ilmi gulantaa Gadoomaa keessatti aangoo harkaa qaba jechuudha.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

1. Jila Qumbii fudhachuu
2. Jila Aagi Qaluu

**Deebii Gaaffii Hubannoo 3**

1. Qumbiin waan eebbaati. Eebbi kan waan gaarii itti dubbataniif hawwanii ittiin wal eebbisani. Qumbiin Gadaamoojjiin fudhatus kan eebbaati. Kanaafuu, Gadamoojjiin qumbii fudhate eebba afaanii qaba, jechuudha. Urjiin inni adda irraa qabus Kallacha Gadamoojjiin hidhateefi Ulfoo ta'eedha.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 4**

1. Ulfina qaba; qananiidha. Kanaaf, nikabajama.
2. Nisoorama, akka gootaattis nifaarfama.

**Deebii Gilgaalaa**

1.

- ✓ Jila Qumbii fudhachuu,
- ✓ Jila Aagii Qaluu,
- ✓ Jila Bacbacii,
- ✓ Jila Hoolaa Duba Diraa,
- ✓ Jila Baraartii
- ✓ Jila Mataa Buufannaa

2. Habaan faaya gogaa loonii irraa elellaaniin faayamee kan haati warraa manguddoo Gadaamoojjii seenee dugdatti hidhattuufi gaafa Gadaamoojjii keessaa Jaarsa ta'anii bahan buufattuudha.

3. Dhugaa

# Boqonnaa 9: Dhaha

## Wayitii 13

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- ☞ maalummaafi akaakuu dhahaa ni'ibsa/ti;
- ☞ haala dhahi itti hedamu ni'ibsa/ibsiti;
- ☞ wantoota dhahaaf barbaachisan nihima/ti.

## Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun Dhaha Oromoo irratti kan xiyyeeffatu ta'uu barttootatti himi. Qabiyyeewwan boqonnichaa keessattis maalummaafi akaakuu dhahaa, haala dhahi itti dhahamufi wantoota dhaha dhahuu keessatti gargaaran kitaaba barataa keessatti kan dhiyaate ta'uus barattootaaf ibsi. Qabiyyeewwan kanneenis duraa duubaan barsiisi. Akkasumas, ibsa kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti

himan gochuun duub-deebii kenni. Bifuma walfakkaatuun, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Kana malees, barattoonni dhaha naannoo isaaniitti beekan yookiin nama beeku gaafatanii dareetti akka himan jajjabeessi. Dabalataanis, gilgaala xumura boqonnaa hojjachiisuun deebii qajeelcha keessatti kenname waliin ilaalaa duub-deebii kenni. Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun barataan/tuu qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 1**

Hariiroo urjiifi baatiin waliin qaban irratti hundaa'a.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 2**

1. Hariiroo urjiifi addeessi uuman; boca addeessi ji'a keessatti uumu

2. Guyyoota ji'aa 30'n bakka lamatti cabsuun, guyyoota
   1-15 Addeessa; 16 -30 Dukkana jechuun ibsama.

**Deebii Gaaffii Hubannoo 3**

1. Arraasaa/Arfaasaa, Badheessa, Caansaafi Adoolessa
2. Ji'a keessatti Biti sadi. Bita qara, Bita gidduufi Bita eegeeti. Amalli Biti qabu, ji'oota waggaa kudha-lamaan keessatti ji'oota afuriif sadan lakkoofsa keessa galuufi ji'oota saddeettan hafan keessatti Bita eegeen haftee Biti lama qofa taatee, lakkaawwamuudhaan guyyoota ji'aa 27 kanneen taasistuudha.

**Deebii Gaaffiilee Hubannoo 4**

1. Lu'oo, Addeessa, Goobanaafi Dukkana
2. Waqtiin afur: Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna ; Haala dhaha Gujiitiifi Booranatti: Hagaya, Bona, Gannaafi Adoolessa

**Deebii Gilgaalaa 1**

1. Dhugaa

2. Lami, Bakkalcha, Algajima, Basafi Arba Gaadduu

3. guyyoota ji'a tokkoo 30 ; guyyoonni waggaa tokkoo 360

4. Ji'a keessa guyyoota 30 tu jira, Haata'umalee, ayyaanonni yookiin guyyoonni ji'aa maqaa qaban 27 yookiin 28. Kanaaf guyyotni lamaan maqaa hin qabne woyyuu waan ta'aniif maqaan hinkennamneef. Bakka isaaniis, maqaalee guyyoota lamaan jalqaba ji'ootaa irra deebi'uun lakkaa'an jechuudha.

**Deebii Gilgaala 2**

| Maqaa Ji'aa | Urjii | Maqaa Ji'aa | Addeessa |
|---|---|---|---|
| Bitooteessa | Lami | Birraa | Baatii Goobana |
| Caamsaa | Busan | Ciqqaa | Baatii walakkaa caalu |
| Buufaa | Bakkalcha | Sadaasa | Baatii nuusa |
| Waccabajjii | Algajima | Abraasaa | Baatii guddaa |
| Oboraa Guddaa | Arb Gaddu | Ammajjii | Baatii giddu-galeessa |
| Oboraa Diqqaa | Basa | Guraandhala | Baatii xiqqoo |

## Boqonnaa 10: Gadaafi Dimokiraasii Ammayyaa

### Wayitii 13

**Kaayyoowwan:** Dhuma boqonnaa kanaa irratti barataa/tuun;

- qajeeltoowwaan bu'uuraa bulchiinsa Gadaafi dimookiraasii ammayyaa walfakkeessan addaan nibaafata/ti;
- garaagarummaa bulchiinsa Gadaafi dimookiraasii ammayyaa addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu; boqonnaan kun, tokkummaafi garaagarummaa bulchiinsa Sirna Gadaafi dimookiraasii ammayyaa irratti kan xiyyeeffate ta'uu barattootatti himi. Mata-duree boqonnichaa irratti hundaa'uun,

barattoonni amaloota Bulchiinsa Sirna Gadaafi dimookiraasii walfakkeessan jedhanii yaadan akka dareetti himan gochuun jajjabeessi. Itti aansuun, qabiyyee boqonnichaa addaan qooduun walduraa duubaan barattootaaf ibsi.

Adeemsa keessa, barattoonni ibsa kenname irraa maal akka hubatan akka walitti himan haala mijeessi. Itti fufuun, gaaffilee hubannoo hojjachiisuun duub-deebii kenni. Kana malees, amaloota bulchiinsa Sirna Gadaafi dimookiraasii ammayyaa walfakkeessan kan biroo, odeeffatanii akka dareef dhiyeessan gochuun duub-deebii kenni.

Addatti ammoo, gaaffilee gilgaalaa xumura boqonnaa keessatti kennaman irratti yeroo gahaa kennuun gareen mari'atanii akka dareef dhiyeessan gochuun duub-deebii kenni. Gaaffilee gilgaalaa hafan biroos biroos hojjachiisuun deebii qajeelcha kana kessatti kenname waliin ilaaluun deeggaraa deemi.

Dhuma irratti, battallee xumura boqonnaa kennuun, tokkoon tokkoo barataa/tuu, qabiyyee boqonnichaa irraa waan barachuu qabu/du barachuu danda'uu isaa/ishee hordofuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffilee Hubannoo:**

1. Qajeeltoowwan bu'uuraa Bulchiinsa Sirna Gadaafi Dimookiraasii ammayyaa walfakkeessan kitaaba barataa keeessatti tartiiba A-I jiraniifi kana kana fakkaatu ta'uu mala.
2. Dhimmi/waanti tokko kan murtaa'u, waliigaltee guutuudhaani malee sagalee caalmaatiin miti jechuudha.

**Deebii Gilgaalotaa**

**Gilgaala 1**

1. Gogeessi/paartii kamiyyuu bara turtii aangoo seeraan kennameefiin ala haala kamiinuu baallii ofharka tursiisuun heeraan dhorkaa ta'uu.

2. Dhaab-daneessummaan Bulchiinsa Sirna Gadaa; gogeessonni/paartiileen waldeeggaraniifi walmorkatan jiraachuu

**Gilgaala 2.**

1. Qajeeltoowwan kitaaba barataa keessatti kennaman ibsamu irratti hundaa'uun hordoffii taasisuun duub deebii kenni.

2. Qajeeltoo kitaaba barataa keessatti keessatti kennaman irratti hundaa'uun hordoffii taasisuun duub deebii kenni.

**Gilgaala 3.** Amaloota waloofi addaan baatee Bulchiinsa Gadaafi dimookiraasii ammaayyaa

| Bulchiinsa Gadaafi Dimookiraasii ammayyaa | Qajeeltoowwan |
|---|---|
| **Walfakkeenya Bulchiisa Gadaafi Dimookiraasii** | 1. Qaamolee aangoof qoodamiinsa aangoo<br>2. Federaalizimiifi al-waaltina |

| | |
|---|---|
| **ammayyaa** | aangoo<br>3. Heerawaa<br>4. Kabaja mirgoota bu'uuraa<br>5. Olaantummaa seeraa<br>6. Fayyadama ummataa |
| **Amala addaa Bul/Sirna Gadaa** | 1. Haal-duree malee baallii dabarsuufi carraan gadoomuu al-tokko qofa ta'uu<br>2. Hoggansa sagalee guutuu<br>3. Sirna walaannaafi qadadduu qabaachuu<br>4. Sirna gulantaalee dhaloota itti-gahoomsu qabaachuu<br>5. Dhalootaa aangessuu sirna gadaa<br>6. Baallii eebbaan waliif dabarsuu |